# Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Nama
Waaqayyo
Biraa
Ergame

Kan barreeffame: Edward Hughes
Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus
Kan dagaagsame: E. Frischbutter; Sarah S.
Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia
Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

BFC
PO Box 3
Winnipeg, MB R3C 2G1
Canada

©2016 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Gaaf tokko, Mana Qulqullummaa Waaqayyoo keessatti, lubni dulloomaan Zakkaariyaas jedhamu aarsaa dhi'eessaa ture.
Namoonni alatti kadhachaa turan.
Akka tasaa, Zakkaariyaas
ni hollate.

Ergamaan ni dhufe. “Hin sodaatiin” ittiin jedhe.



"Waaqayyotu na erge. Haati manaa kee mucaa ilmaa godhachuuf jirti. Maqaa isaa Yohaannis jedhi. Dhalachuu isaatii eegalee Hafuura Qulqulluudhaan ni guutama. Namoota baay'ee gara Waaqayyootti deebisuuf jira."

"Zakkaariyaas, nutti dubbadhu."
Namoonni ala turan walii wallaalan.


Isaan ergaa Waaqayyo biraa dhufe amanuu dhabuu isaaf, hanfa mucichi dhalatutti Zakkaariyaas dubbachuu akka hin dandeenye ergamichi Gabri'eel akka itti dubbate hin beekan turan. Inni haati manaa isaa da'umsaaf baay'ee dulloomteetti jedhee yaade.

Manatti, Zakkaariyaas waan ergamchi isaan jedhe hundumaa barreesse. Elsaabex, haati manaa isaa, baay'ee ajaa'ibsiifatte. Isaan yeroo hundumaa mucaa argachuuf kadhachaa turan. Amma ta'uuf jiraa laata?



Battaluma sana mucaan dhufaa akka jiru Elsaabex ni beekte. Waaqayyoon galateeffatte. Gaaf tokko, Maariyaam firri ishee Elsaabexiin dubbisuu dhufte. Maariyaamis mucaa eeggachaa turte.

Yeroo Maariyaam achi geesse, mucaan ishee garaa ishee keessatti akka burraaqe Elsaabexitti dhaga'ame. Elsaabex Hafuura Qulqulluudhaan guutamte. Mucaan Maariyaam Gooftaa Yesuus Kiristoos akka ta'e ni beekte. Waliin ta'anii, dubartoonni lamaan gammachuudhaan Waaqayyoon galateeffatan.

Akkuma Waaqayyo kakatee ture, mucaan Elsaabex ni dhalate. Luboonni isaan kaan, "Maqaan isaa akkuma abbaa isaa Zakkaariyaas haa jedhamu" jedhan. Zakkaariyaas abboommii Waaqayyoo yaadate.



"Miti! Maqaan mucichaa Yohaannis jedhama." Yeroo Zakkaariyaas sana barreesse, arrabni isaa ni hiikame. Isa booda Waaqayyoon galateeffate.

Yohaannis yeroo guddatu,
akka Eliyaas namicha
guddaa sanaa ta'a.
Yohaannis Masihichi
isaan eebbisuuf
battalatti akka dhufu
namootatti hime.


“Qalbii jijjiirradhaa! Cubbuu hojjechuu dhaabaa” jedhee waan isaanitti dubbateef Yihudoonni Yohaannisiin ni jibban. Isaan waa’ee cubbuu isaanii dhaga’uu hin barbaanne.

Isaan kaan Yohaannis Cuuphaa jedhanii isa waaman, sababni isaa cubbuu isaaniitti akka isaan gaddan argisiisuuf namoota utuu inni bishaan keessatti cuuphuu argan. Gaaf tokko, Yesuus cuuphamuuf gara Yohaannis dhufe. Yohaannis, "Ati na cuuphuu qabda" jedhee morme. Yesuus garuu, "Akkana haa ta'u" jedhe. Yohaannisis isa cuuphe.



Yesuus erga cuuphamee booda, Yohaannis Hafuurri Qulqulluun bifa Gugeen Yesuus irra utuu dhufuu arge. Kun mallattoo Waaqayyoo ture. Yesuus Ilma Waaqayyoo akka ta'e Yohaannis ni beeka ture. Yohaannis Yesuusiin Hoolaa Waaqayyoo Isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhudha jedhe.

Yohaannis namoota hedduu gara Waaqayyootti geggeesse. Garuu Heroodis, mootichi jallaan, Yohaannisiin mana hidhaatti darbate. Yohaannis, "Heroodiyaas, haadha manaa obboleessa keetii, akka kan keetiitti fudhachuun kee cubbuudha" jedhee Heroodisitti dubbate.

Kun dhugaa akka ture Heroodis ni beeke. Yohaannis hojjetaa Waaqayyoo, qajeelaa fi qulqulluu akka ta'e inni ni beeka. Garuu cubbuu hojjechuu dhiisuu hin barbaanne. Hidhaaf isa saaxilullee, Yohaannis garuu cubbuu mormee lallabuu hin dhiisne.

Guyyaa dhaloota isaarra Heroodis nyaachisa guddaa qopheesse. Intalli Heroodiyaas isaaf sirbite. Kun Heroodisiin gammachiise. Innis, "Waan barbaadde kamuu argachuu dandeessa" jedhee isheef kakate. "Gar tokkoo mootummaa kootii illee yoo ta'e."



"Maalan gaafadha?" jette intalittiin. Heroodiyaas haati ishee isheen hamtuun, isheen Yohaannisiin jibbite, maal akka isheen gaafattu itti himte! Baay'ee jibbisiisaa ture!

Intalittiin Heroodisiin, "Mataa Yohaannis Cuuphaa gabateetti naaf kenni" jette. Waadaa isaaf ni gadde, akka hin cabsine garuu of tuulaa ture. Heroodis, "Mataa Yohaannis irraa kutaa fidaa" jedhee ajaje. Loltoonni isaas isaaf abboomaman.

Haala nama gaddisiisuun
michoonni Yohaannis dhagna
Gootaa fi amanamaa
Waaqayyoo kanaa
fuudhanii
awwaalan.

Nama Waaqayyo Biraa Ergame

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Maarqos 6, Luqaas 1, 3

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16